

Seenessa Kunuunsa Fayyaa Imala Idil-addunyaa Duraa

Imala idil-addunyaa dura nageenya ofiikeetiifi nageenya maatiikee eegsisuuf yerookee irra caalaa kan biyya bakkee deemuuf qabdu dhiheessitoota kunuunsa fayyaa daawwachuuf oolchi. Kilinika fayyaa yeroo imalaa daawwadhu, ykn immoo kilinika fayyaa yeroo imalaa deemu yoo dadhabde, kilinika kunuunsa jalqabaa kee daawwachuun imala kee irratti waliin mari'adhu.

Biyya kanaan dura keessa jiraattan ykn daawwattan yoo deemtan illee ogeessa fayyaa bira deemuun ilaalamuun barbaachisaadha. Dhukkuboonni haaraan naannoo sana jiraachuu danda'u, ykn yeroo darbe caalaa balaadhaaf saaxilamuu dandeessu. Yoo imala idil-addunyaa yeroo dhiyootti karoorfame qabaattan, akkuma karora keessan baafattaniin daawwannaa kilinikaa saganteessuu keessan mirkaneessaa, keessumaa yoo xiqqaate imala keessaniif qorichaafi talaallii yoo isin barbaachise deemsa keessan ji'a tokko dura yoo ta'e filatamaadha. Haa ta'u malee, kilinika fayyaa imala duraa daawwachuun gonkumaa hin barfatamu. Kilinikoonni fayyaa Imala duraa kunneen yoo dursitee beellama qabachuu hin dandeenye deddeebisa ykn beellama yeroo xumuraa qabachuuf iddoo ni qabaatu. Kilinikoonni fayyaa Imala duraa nama hundaaf banoodha!

Beellama keessan dursitanii, baasii fi uwwisa daawwannaa sanaa ilaalaa. Kubbaaniyyaa inshuraansii keessanitti ykn kilinika deemuuf karoorfattanitti bilbilaa. Dabalataanis yoo maallaqni dursitanii kilinika fayyaa daawwachuuf gufuu isinitti ta'e kilinika bilisaa ykn gatii xiqqaa Minnesota keessatti argachuu dandeessu.

Waqtii beellama keessanitti, baasii qoricha ykn talaallii yoo isin yaaddesse dhiyeessaa keessanitti himaa. Akkasumas, dhiyeessaan yaala fayyaa keessan wantoota sadan kana akka beeku gochuu qabdu:

1. Eessai akka deemaa jirtan (biyyoota kallattiin deemtan fi bakkeewwan biyyattii keessa jiran dabalatee),
2. Hanga yoomiitti akka daawwattanii, fi
3. Yeroo imaltan maal akka hojjetan.

Akkasumas haalota bu'uuraa isin mudachuu danda'an kamiyyuu kan akka dhukkuba sukkaaraa ykn dhiibbaa dhiigaa, qoricha amma fudhattanii fi alarjiiwwan irratti mari'achuu qabdu.

Imala keessan irraa erga deebitanii booda dhukkubbiin yoo isinitti dhaga'ame, daawwannaa imala boodaaf dhiyeessaa yaala fayyaa keessan hordofaa, akkasumas dhiyeessaa yaalaa fayyaa kamiyyuu sadarkaa idil-addunyaatti imalaa akka turtan beeksisuu keessan mirkaneessaa.

Sakatta'iinsi imala duraa yeroo imala idil-addunyaa keessanitti isinii fi namoota isin jaallattan eeguu fi yeroo keessan biyya alaa bashannansiisaa fi bareedaa ta'e mirkaneessuuf gargaara. Imala/deemsa keessaniif maal akka isin barbaachisu ilaaluuf beellama qabadhaa!

Minnesota Department of Health
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-5414
health.IDEE@state.mn.us
health.mn.gov/travel

04/01/24

Odeeffannoo kana bifa biraadhaan argachuuf asirratti bilbilaa 651-201-5414.